Nama miidhe Rabbiin isa miidha, akkasumas nama rakkise Rabbiin isa rakkisa

Abuu Sirmaa irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Nama miidhe Rabbiin isa miidha, akkasumas nama rakkise Rabbiin isa rakkisa".

[hasani] [abuu daawud, tirmizii, ibnumaajah fii ahmad odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu muslimatti miidhaa seensisuu irraa sodaachisan, yookan amrii kamuu keessatti lubbuu isaa yookaan qabeenya isaa yookaan maatii isaa keesattis ta'ee rakkinaa fi dhiphina isatti seensisuu irraa sodaachisan, nama sana hojjate Rabbiin fakkaataa hojii isaatiin mindeessee isa adaba.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5375